Daayirektoreetii Yakkoota Malaammaltummaa fi Taaksii aangoo fi gahee hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatiif bu'uura Labsii lakk.214/2011 keewwata 7 jalatti tarreeffamanii kennaman keessaa gochootni yakka Malaammaltummaa fi Taaksii raawwatamanii yemmuu argamanitti mirgaa fi dantaa uummataa fi mootummaa karaa gahuumsaa fi si'oomina qabuun kabachiisuun akka danda'amuuf bara 2011 irra eegalee aangoo fi gahee hojii qorannoo fi murtii haqaa kennisiisuuf sadarkaa Biirootti Daayireektoreetii Dhimmoota Yakkoota Malaammaltummaa fi Taaksii jedhamuun Damee Yakkoota Malammaltumma fi Taaksii jalattii fi sadarkaa Godinaatti immoo maqaa Adeemsa Dhimmoota Yakkoota Malaammaltummaa fi Taaksii jedhamuun gurmaa'ee kan jiruu dha.

Hojiiwwan gurguddoon Daayirektoreetii kanaan hojjetamaan kanneen armaan gadiiti.

1. **<u>Eeruu Fuudhuu/Odeeffannoo Sassaabuu</u>**

Manneen Hojii Mootummaa yookiin Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa yookiin Jaarmiyaalee Ummataa keessatti yemmuu yakki malaammaltummaa hojjetaan ykn Abbaa Aangootii ykn namoota kan birootiin raawwatamuu isaa eeruun dhaqqabu eeruu ni fuudhaa ykn shakkii gahaa kan qabu yoo ta'e odeeffannoo ni funaana, ni calala, murtii ni kenna, Poolisii waliin ta'uun ni qorata.

2. **<u>Qorannoo Yakka Malaammaltummaa Gaggeessuu</u>**

Yakki malaammaltummaa raawwatamuu eeruun yoo isa ga'e yookiin shakkii gahaa kan qabu yoo ta'e sirna dhoksaatiin yookiin haala mijaawaa diriirsuudhaan mala adda addaatti fayyadamuun erga calalee booda Poolisii waliin ta'uun qorannaa yakkaa ni gaggeessa.

Dabalataan, Maallaqni yookiin Qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e Baankii keessa jiraachuu isaa shakkiin gahaan yookiin ragaan yoo jiraate herreega Baankii shakkamaa yookiin maatii isaa yookiin maqaa nama biraatin ol kaawamuusaa ragaa gahaan yoo argame seera rogummaa qabuun maallaqichi yookiin qabeenyichi akka hin sochoone ni taasisa; qabeenyi gocha yakka malaammaltummaatiin argame, horatame yookiin tilmaama miidhaa gahee haala walqabateen qorannaarra jiran seera rogummaa qabuun akka hin sochoone taasisuun qorannoo ni gaggeessa.

3. **<u>Himannaa fi Falmii Gaggeessuu</u>**

Abbaan Alangaa yakka malaammaltummaa irratti erga ragaa barbaachisu sassaabamee qorannoo xummure booda bu'uura seeraatiin galmee qorannaa irratti murtii Abbaa Alangaa ni kenna; mootummaas bakka bu'ee himata ni hundeessa; falmii ni gaggeessa; faayidaa uummataaf barbaachisaa ta'ee yoo argame himata ni kaasa; himata ka'e akka itti fufu ni taasisa.

Kana malees, murtii Manni Murtii sadarkaa sadarkaan kennu irratti komiin yoo jiraate ol’iyyannoo ni gaafata; ni falma; iyyata ijibbaataa ni dhiyeessa, murtii haqa-qabeessa ni kennisiisa. Gaaffii Mirga Wabii yakkoota malaammaltummaa fi Taaksii waliin walqabatee dhiyaate falmii gaggeessuun murtii ni kennisiisa.

### 4. Qabeenya bu’aa Yakka Malaammaltummaan argame deebisiisuu

Qabeenya yookiin maallaqa kamiyyuu kan yakka malaammaltummaatiin walqabatee horatame yookiin qisaasame yookiin tilmaama miidhaa gahee yookiin qabeenyi dhuunfaa namoota shakkamtoota gochoota kana raawwatan maqaa isaaniitiin yookiin firoota isaaniitiin yookiin maqaa nama birootiin jiruu fi iddoo itti argamu adda ni baasa; qabeenya dhorkamuu qabus adda baasuudhaan akka dhorkamu ni taasisa.

Qabeenyaa fi maallaqa gocha yakka malaammaltummaatiin qisaasame, yookiin horatame yookiin miidhaa gahe falmii mana murtiitti gaggeessuudhaan yookiin mala filannoo birootiin qabeenyaa fi maallaqa mootummaa fi uummataa ni deebisiisa.

### 5. <u>Kenniinsa Tajaajila Biroo</u>

Hojii qorannoo fi falmii yakka malaamaltummaa fi Taaksiitiin alattis Daayireektriitiin YMT tajaajila biroos kan kennu yoo ta’uu, kunis: -

- Namni yakka malaammaltummaa irratti hirmaate tokko dhimmichi mana murtiitti osoo hin dhihaatin dura odeeffannoo barbaachisaa fi bu'aa qabeessa ta'e yoo kenne himannaa irraa bilisa akka ta'u ni taasisa.
- Bu’uura seeraatiin balleessummaa irratti akka waliigalamu ni murteessa; walta'iinsa ni taasisa; falmii himannaatiin ala tarkaanfiiwwan filannoo kan biroo akka fudhataman ni murteessa; hojirra oolmaa isaa ni hordofa;
- Bu’uura seeraatiin eeruu kennitoota, ragaa baatotaa fi maatii isaaniitiif qaama dhimmi ilaalu waliin wabii eegumsa qaamaa fi hojii akka kennamu ni taasisa.
- Hojii fi tajaajila kenninu irratti komii yookiin iyyannoo abbaan dhimmaa dhiyeessu yoo jiraate keessummeessuun deeebii ni kenna.

Namni Tajaajila Daayirektoreetii Yakkoota Malaammaltummaa fi Taaksii kennu irraa fudhachuu dhufe kamuu dhimma isa iyyataan yookiin afaaniin dhiyeessuu ni danda’a.